QAJEELFAMA FOOYYA'E: JALQABA KANA DUBBISI

Hennepin Kaa'oontiin Maallaqa Daldala Xixiqaa Furuuf ramadame kan Hennepin Kaa'oontiidhaa dabaluuf Caamsaa 5 (May 5th) murteessee jira. Qajeelfamni isaa akka walii galaatti isa duraa wajjin kan walfakkatu haata'u malee, waanti fooyyeffame hubatamuu qabu ni jira, isaanis kaneen armaan gadiiti:

- Maallaqni kun liqa dhiifamu osoo hin tane tumsa(giraantiin) kennamuudha.
- Tumsi maallaqaa kennamu kun ammi isaa qarshii $7,500 irraa gara $10,000 itti ol ka'ee jira.
- Daldaltoonni ammaan dura kara intarneetaa iyyata galfatanii turan dabalanii iyyata biroo galchuu hin barbaachisu.
- Daldaltoonni duratti guutummaa liqa kanaa qarshii $7,500 gaafatanii turan gaaffii tokko malee guutummatti maallaqa tumsaa qarshii $10,000 akka argachuu danda'aniif dhimmi isanii ni ilaalama.
- Daldaloonni daldalli isanii dhaabachuu irraan kan ka'e baasii isaan qabaatan ragaa akka dhiyeesaniif ni gaafatamu.